# Nama namaaf rahmata hin goone Rabbiin ol ta'e rahmata isaaf hin godhu

Jariiir ilma Abdullaah irraa odeeffamee -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Nama namaaf rahmata hin goone Rabbiin ol ta'e rahmata isaaf hin godhu".
[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- nama namaaf rahmata hin goone Rabbiin ol ta'e rahmata akka isaaf hin goone ibsan, gabrichi uumamtootaaf rahmata gochuun sababaawwan guddoo ittiin rahmata Rabbii ol ta'ee argatan irraayi.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/5439